actionaid

Changing the world with women and girls

Wixinee Imaammataa;

# Gufuulee eegumsa dubartootaa aanaa Liibanii fi Ambaassal keessatti furuu, Itiyoophiyaa



# Wixinee Imaammataa; Gufuulee eegumsa dubartootaa aanaa Liibanii fi Ambaassal keessatti furuu, Itiyoophiyaa

## Dhimma:

Wixineen imaammataa kun qorannoo namoota waliin qoranneen hoogganame dhiyeessa[1]. Dubartoota aanaa Liibanii fi Ambaassal keessatti rakkoo namoomaa yeroo dheeraadhaaf mudate keessa turan. Ajandaa kaa'uu irraa eegalee hanga argannoowwan bocuu fi yaada kennuutti. Akkasumas argannoowwan bittimsuunii fi adeemsa hojiirra oolmaa yaada murtii as keessatti kaa'ame hordofuun adda dureedha. Isaanis dhaabbatoota BEZA fi SGDA kanneen dubartootaan hogganaman, akkasumas duraa duubaan Aanaa Ambaassal (naannoo Amaaraa) fi Aanaa Liiban (naannoo Oromiyaa) keessaati. Wantootni odeeffannoo walitti qabuuf itti fayyadaman kanneen akka shaakala adeemsa humnawaa hirmaachisaa kan ta'anii fi mala mul'ataa fi muuxannootiin akka calaqqisiifamaniif kan qophaa'an turan.

Kunis hawaasa keessatti, garaa garummaan qaqqabamummaa fi carraa yeroo qabatamaa keessatti akka mul'atuuf gargaareera.

Kaayyoon wixinee kanaa qaamolee mootummaa Itiyoophiyaa, arjoomtota, dhaabbilee miti-mootummaa idil-addunyaa (INGOs), dhaabbilee miti-mootummaa (NGOs), dhaabbilee hawaasa siivikii fi dhaabbilee mootummoota gamtoomanii, keessattuu karaa kilaastara eegumsa biyyaalessaa (National Protection Cluster) fi itti gaafatamummaa miidhaa koorniyaa irratti hundaa'een (Gender-Based Violence Area of Responsibility(GBV AOR)) waa'ee haala yeroo ammaa dhimma dubartootaa aanaa Ambaassalii fi Liiban ilaalchisee furmaata yaadamee fi barbaachisummaa tarkaanfii jabaa beeksisuu dha.  Kunis, mudannoo qabatamaa, qaawwa sirnaa fi eegumsa mirga dubartootaa naannoo waldhabdeen mul'atuu keessatti fooyyessuuf gorsa tarkaanfiin akka fudhatamuuf kenname ibsa.

## Cuunfaa raawwii

Akka argannoo qorannoo keenyaatti, dubartoonni aannaa Liibanii fi Ambaassal keessa jiraatan eegumsa, nageenya, kabajaa fi fayyaa isaanii ilaalchisee danqaalee wal-xaxaatu isaan mudata. Danqaaleen kunneen, tasgabbii dhabiinsa siyaasaa, hawaasaan qollifamuu, mancaatii qabeenya naannoo, wal qixxummaa dhabiinsa koorniyaa hundee fageeffate irraa kan madde dha. Dabalataanis, wal-dhabdeenii fi hongeen dhiheenya mudate haala kana daran hammeesseera. Liiban keessatti gareen qorannoo kanaa akkaataa itti hongeen yeroo dheeraa, bosona ciruun, jijjiirami qilleensa baramaa, dubartoota irratti ba'aa dhamaatii lubbuun jiraachuuf guyyuu taasifamu guddisuunii fi miidhaa koorniyaa irratti hundaa'eef (GBV) saaxiluu isaanii galmeessanii jiru. Qorannoon kun akka agarsiisutti tasgabbii dhabuu fi waldhabdeen siyaasaa naannoo lamaanii, deeggarsa mala aadaa fi caasaa seera kabachiisu laaffisuun dubartoonni haqaa fi eegumsa akka hin arganne taasiseera. Buqqa'iinsi dhiphina naannoo fi jeequmsa irraa dhufu, dubartoota daran qollifachuunii fi walabummaa dinagdee isaanii gadi buusuun walitti dhufeenya hawaasaa mancaasa.

Rakkoon kun jiraatus, argannoon keenya dubartoonni karaa toora deeggarsa al-idilaawaa, sosochii dinagdee fi tattaaffii ijaarsa nageenyaatiin dandamannaa guddaa akka qaban agarsiisa. Hundee dhimma eegumsa dubartootaa, mala hunda galeessa ta'ee fi dhimmoota koorniyaa irratti hundaa'een deebisuudhaaf, dubartoota adda duree fi giddu galeessa jiran waliin ta'uudhaan haaromsi wal qixxummaa caasaa irratti xiyyeeffate hatattamaan barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan, wixineen imaammataa kun hundee dhimmoota eegumsa dubartoota aanaalee lamaanii fi maloota dandamannaa dubartoonni danqaalee kanneen irra aanuuf taasisan ilaalchisee  osoo gara gorsa ijootti hin ce'in dursuun ni beeksisa.

## Sababoota hundee dhimmota eegumsa dubartootaa

Sababootni hundee balaa eegumsa dubartootaa aanaa Liibanii fi Ambaassal keessatti mu;'atu, jijjiirama qilleensa baramaa, buqqaatii fi wal-dhabdee kan dabalatu dha. Sababoonni kunneen, nageenya dubartootaa, mirga ofiin of-bulchuu fi tajaajila barbaachisaa ta'e argachuu dhorkuu ni danda'u. Kutaan armaan gadii kun haalota kanneen bal'inaan kan ibsu yommuu ta'u, kallattiin argannoo qorannoo fi yaada qorattoota qorannoo  kana irratti hirmaatanii irraa kan fudhatame dha.

Aanaa Liiban keessatti, dhiibbaan naannoo sababoota saaxilamummaa dubartootaa fidan keessaa isa adda duree dha. Hongeen yeroo dheeraa, jijjiirama qilleensaa, bosona ciruu fi qabeenya mancaasuutiin uumame, dubartoonni bishaanii fi nyaata barbaaduuf fageenya dheera akka adeeman taasisuudhaan miidhaadhaaf akka saaxilaman taasisa. Dubartiin tokko akka dubbattetti, "Hongeen bishaan barbaaduudhaaf fageenya dheeraa akka adeemnu diqisiisuun, hojiif yookaan barnootaaf yeroo xiqqaa akka qabaannu taasisuudhaan balaadhaaf nu saaxila." Mudannoon naannoo kun maatii Kanaan duratti hiyyeeyyii hin taane keessattillee jireenya tasgabbii qabu akka hin jiraanne taasiseera.

Kana cinatti, waldhabdee fi tasgabbii dhabuun siyaasaa walitti dhufeenya hawaasummaa fi caasaa bulchiinsaa mancaaseera. Garee qorattootaa keessaa namni tokko balaa uumame  gaafa ibsu, "Yeroo waraanaa waan hunda dhabne; mana keenya, maatii keenyaa fi nageenya keenya dhabne." Dubartiin kan biraa immoo, "yoo nageenyi hin jiru ta'e, hojiin hin jiraatu, akkasumas daa'imman kiyya jiraachisuu hin danda'u."

Dabalataanis, buqqa'iinsi, sababa haala qilleensaatiinis ta'e yookiin wal-dhabdeetiin uumamu, yookiin lamaaniin uumamu, dhiibbaa hamaa ni qabaata. Qorannoon keenya akka agarsiisutti, dubartoonni hawaasa isaanii irraa adda baafaman, walabummaa dinagdee fi deeggarsa hawaasaa akka dhaban taasisuudhaan balaa qollifannaatiif akka saaxilaman taasisa. Dubartoota saaxilamummaan isaanii wal-kiphuuf, kanneen akka maanguddolii, qaama miidhamtoota, yookiin miseensota sabaa/amantii xiqqaa ta'aniif danqaaleen daran ni hammaatu. Miseensi qorattootaa tokko akka dhaametti, "Bishaan argachuuf, bakka nageenya qabu jiraachuu fi jireenya nagaa qabu geggeessuuf furmaata yeroo dheeraa nu barbaachisa" Jedha.

Aanaa Ambaassal keessatti; akka qorannoon agarsiisutti, waldhabdeen itti fufee jiru sirna eegumsa hawaasummaa fi seeraa diiguun dubartoota balaa jeequmsaaf saaxileera. Miseensi garee qorannoo kan umuriin 36 erga abbaan warraa ishee kan ishee irratti miidhaa geeggise, erga hidhameen ji'oota sadii keessatti gadi-dhiifamuun manaa ishee ari'ate qooddetti, "Osoon haqa argadhee maatii koof deeggarsa taasisee natti tola" jetti.

Dhiphinni sammuu fi miidhaan xiinsammuu hawaasummaa dubartootaa fi shamarran Ambaassal keessa jiraatan keessatti kan baba'ate yommuu ta'u, nageenya dhabuu yeroo dheeraa fi miidhaaf saaxilamuudhaan kan daran hammaatu dha. Haa ta'u malee, tajaajilli deeggarsaa bal'inaan kan hin argamne yommuu ta'u, qollifannaan gargaarsa barbaaduu irraa nama hedduu duubatti ni deebisa. Akkuma miseensi qorattoota qorannoo kanaa tokko dubbatutti, "Rakkoo dinagdee keessa jirra; haala nageenyaa irraa kan ka'e jireenyi rakkisaa ta'eera. Kana booda maallaqa xiqqoo armaan dura argachaa turre waliin hojjechuu hin dandeenyu." Hanqinni qabeenyaa walitti bu'iinsaan dhufu carraa nyaata argachuu, kunuunsa fayyaa fi dandeettii galii maddisiisuu miidheera.

Qorannoon keenya akka agarsiisutti, hanqinni qabeenyaa yeroo wal dhabdee fi hongee, kenniinsa tajaajila fayyaa haalaan daangessuun dubartootaa fi daa'imman kunuunsa fayyaa gahaa akka hin arganne taasiseera. Kunis dhibeewwan ittifamuu danda'aniif kan saaxilu yommuu ta'u, du'a haadholii fi daa'immanii guddaa ta'eef gumaacha ni qabaata. Dubartoonni ulfaa gareewwan baayyee saaxilamoo ta'an keessaa tokko yommuu ta'an Keessattuu, naannoo fagoo yookaan waldhabdeen miidhame keessatti, kunuunsa fayyaa argachuu irratti qormaata guddaatu isaan mudata.

Wal-kiphummaa eenyummaa dubartootaa kanneen akka umurii, qaama miidhamummaa, haala gaa'elaa fi buqqa'iinsa dabalatee, qollifamummaa isaanii daran hammeessa. Fakkeenyaaf, akka miseensi garee qorannoo kanaa ibsutti, "Dubartoonni maanguddoon yookaan qaama miidhamtoonni yeroo hongee yookaan buqqa'iinsaa, deeggarsa dhabuu irraa kan ka'e daran ni rakkatu." Danqaaleen kunneen, tajaajilopta barbaachisoo ta'an kanneen akka eegumsa fayyaa, barnoota, haqaa fi eegumsa argachuu ni daangessu.

Haalotni kunneen akka agarsiisanitti, dhimmoonni eegumsa dubartootaa rakkoolee uumaman keessatti qaban, sababa tokko irraa osoo hin taane, rakkoolee wal-kiphan kanneen akka kufaatii naannoo, wal-dhabdee hamaa, sirna haqaa cabaa, loogii koorniyaa irratti hundaa'ee fi rakkina dinagdee irraa akka maddu agarsiisa. Hoggantoonni dubartootaa aanaa lamaan keessatti argaman maloota dhimmoota korniyaa waliin wal qabatan furuuf gargaaran kanneen akka mirgoota qabeenya lafaa fi bishaanii argachuu, eegumsa seeraa fooyyessuu, tajaajila fayyaa sammuu babal'isuu, dubartoota dinagdeen ga'oomsuu fi kanneen qollifamoo ta'an adeemsa murtoo kennuu keessatti kallattiin akka hirmaatan gochuu keessatti waamicha ni taasisu.

## Maloota dandamannaa dubartootaa

Rakkooleen gurguddoon jiraatanis, qorannoon kun dubartoonni naannolee kanneen keessa jiraatan mala dandamannaa adda addaa akka qaban ibseera. Dubartoonni hedduun toora deeggarsaa al-idilee fi waldaalee hojii gamtaa uumuun qabeenya waliif qooduun deeggarsa miraa waliif keennuu uumanii jiru. Daldalli xixiqqaan, qonnii fi horii horsiisuun kanneen galii argamsiisan yommuu ta'an, walabummaa dinagdee sadarkaa gara-garaatti eeguuf kan gargaarani dha.

Dandamannaan xiinsammuu hawaasummaa hedduu murteessaa dha. Dubartoonni osooma qollifannaan isaan mudatuu, gochaalee kanneen akka aadaa, amantaa fi deeggarsa dhaabbilee miti-mootummaan bifa daangeffameen taasifamu irraa argatan irraa ka'uun dandamannaa ni horatu. Dubartoonni hedduun osooma miidhaan irratti geessifamuu, ijaarsa nageenyaa fi waltajjii hawaasaa irratti dammaqinaan hirmaachuun jijjiirama sirnaa ni fidu. Haa ta'u malee, dhaabbileen tarkaanfii sirnaan fudhachuu dhabuu irraa kan ka'e, dubartoonni hedduun sodaa haalootiin akka callisan ta'uun isaanii itti fufeera.

## Hubannoo dubartoonni eegumsa walkiphaa irratti qaban

Shaakalli adeemsa humnaawaa (the power walk exercise) dubartootaaf bakka wal-qixxummaa dhabiinsi saalaa, dinagdee, qaama miidhamtummaa fi qollifannaan gadi-fageenyaan itti dubbatamu ta'eera. Miseensonni garee qorannoo kanaa gahee adda addaa fudhachuunii fi miira gara-laafinaa qabaachuun dhiibbaa inni uwwisa mirgootaa fi tajaajiloota bu'uuraa irratti qabu akka hubatan ni taasisa. Dubartoonni hedduun hoggantootaa fi sirna diriiree jiruun dagatamuu isaanii irraa kan ka'e abdii kutachuu isaanii dubbataniiru. Isaan keessa dubartiin tokko akkana jetti, "yeroon maatii kootiif nyaata yookaan bishaan dhiyeessuu hin dandeenyetti humna dhabuun natti dhaga'ama." Kanneen biroo immoo dhiibbaa koorniyaa irratti hundaa'e, aangoo murtoo kennuu dhabuu fi qollifannaa caasaan jiru taasisu irratti xiyyeeffatu.

Ammas, shaakalli kun madda jabina jiruu ni agarsiisa. Dubartoonni waliin yommuu ta'anii fi tarkaanfii waliin yommuu fudhatanitti aangoo ni qabaatu. Miseensi garee qorannoo kanaa akka dubbattutti, "rakkoo furuuf dubartoota biro waliin yeroon walitti dhufu, humna guddaatu natti dhaga'ama." Kiliinikoota sosocho'uun tajaajila fayyaa kennan, maneen barnootaa dhaqqabamaa ta'anii fi gargaarsa namoomaa irratti xiyyeeffatan dabalatee, namoota baayyee saaxilamoo ta'aniif tajaajilli mijaawaa ta'e akka barbaachisu hubannoon taasifameera. Walitti dhufeenyi hawaasummaa irratti hundaa'e qabeenya waliif qooduuf, haammatamummaa mirkaneessuu fi miira dandamachuu ijaaruuf akka barbaachisaa ta'etti ilaalama ture. Hoggantoonni dubartootaa jijjiiramni waaraa akka dhufuuf tajaajila hunda-galeessa ta'e babal'isuu qofa osoo hin taane, akkaataa itti aangoon hubatamuu fi ilaalamu jijjiiruun akka barbaachisu dubbataniiru. Akka dubartiin tokko hubattetti, "Yoo aangoo tuffannee dhiisne, wanti jijjiiramu hin jiraatu, dubartoonni ni hiyyoomu, doofummaa keessatti hafu, eegumsa ni dhabu." Barnoonni, leenjiin ogummaa fi bakkeewwan nageenya qaban jeequmsaa fi loogii irraa bilisa ta'uun, dhaabbata ijaaruuf murteessaa akka ta'an hubatamaniiru. Dubartoota qollifaman dhaggeeffachuu fi bifa hiika qabuun imaammata keessatti haammachiisuun sirnoota yeroo dheeraadhaaf isaan boodatti hambisan jijjiiruuf furtuu dha.

## Dimshaasha

Rakkoowwan wal-xaxaa ta'an kanneen balaawwan haala qilleensaatiin, waldhabdeen, buqqaatii fi jireenya hawaasummaan ala ta'uun dubartoota saaxilamummaa isaan jeequmsaaf, hiyyummaa fi qollifatamuudhaaf qaban hammeessa. Dabalatees, dubartoonni naannoowwan muddamni yeroo dheeraa fi naannoowwan quba hin qabamne jiraatan namoota hawaasa isaanii keessatti jijjiirama fidanii fi hawaasa isaanii keessatti hoggantoota kanneen ta'uu danda'ani dha. Jijjiiramni bu'a-qabeessii fi waaraa ta'e imaammatootaa fi sagantaalee yeroo gabaabaa caasaalee wal qixxummaa dhabuu fidan furuudhaan; nageenyaa fi ga'umsa dubartootaaf dursa kennuun akkasumas, hoggansa isaanii wiirtuu gochaalee namoomaa fi ijaarsa nageenyaa ni taasisa. Hawaasni kun haqa, nagaa fi wal qixxummaa galmaan gahuu kan danda'u, qindoominaan dubartoota dhaggeeffachuu fi deeggarsa taasisuudhaan qofa.

## Waamicha tarkaanfii

Rakkoowwan irra darbaman tootfaalee qindoomina qabaniin deebii kennuu gaafatu. Dubartoonni kanneen rakkoolee wal kiphanii fi yeroo dheeraa irratti muuxannoo qaban, yeroo bayyee aangaawotaan kan bira darbamanii fi maallaqi gadi-aanaan kan ramadamuufi dha-deebii kana kennuu irratti adda durummaan itti fufaniiru. Hubannoo fi yaadni isaanii haalaa fi raawwii sagantaalee bocuu ni qabaata. Dhaabbileen mootummaa, arjoomtotni, dhaabbileen miti-mootummaa idil-addunyaa (INGO), dhaabbileen miti-mootummaa (NGO), waldaaleen siivikii fi michootni mootummoota gamtoomanii imaammataa fi qabeenya yaada isaanii deeggaru wal simsiisuun hawaasa dandamataa, qollifannaa fi jeequmsa irraa bilisa ta'e ijaaruu qabu.

Qooda fudhattoonni hundi sochii biyya keessaan hogganamu, hoggansa dubartootaa fudhachuu fi ga'oomsuudhaan, sagalee isaanii kabajuu fi adeemsa murtee kennuu keessatti hirmaannaa hiika qabu mirkaneessuun furmaata waaraa fi hunda galeessa ta'e akka deeggaraniif waadaa akka galan ni gaafanna.

# Gorsa imaammataa:

### Ministeera Dubartootaa fi Dhimma Hawaasummaatii fi Dhaabbilee miti mootummaa idil-addunyaa (INGOs)/ Dhaabbilee miti mootummaatiif (NGOs)

• Hawaasni sirna koorniyaa miidhaa geessisu akka balaaleffatuuf duula hubannoo cimsuu dhiirota haammate geggeessuu

• Dubartoonni bulchiinsa naannoo, karoora gargaarsa namoomaa, adeemsa ijaarsa nageenyaa fi adeemsa murtee hawaasaa keessatti hirmaannaa hiika qabuu fi hunda galeessa ta'e akka qabaataniif haala mijeessuu

• Tajiloonni gareewwan qollifataman kanneen akka dubartoota buqqa'anii, dardarootaa fi dubartoota qaama miidhamtoota dabalatee akka qaqqabuuf hojjetoota hawaasaatiif leenjii waa'ee miidhama qaamaa fi dhimmoota koorniyaa waliin wal qabatan ilaalchisee kennuudhaaf bajata ramaduu.

• Sagantaalee barnoota yeroo dheeraa fi dandeettii dubartootaa ijaaran akkasumas, ofitti amanamummaa, bakka bu'iinsaa fi hoggantummaa isaanii cimsan deeggaruu.

• Kanneen hojiilee galii argachuu dubartootaan durfamanii, liqa mayikiroo faayinaansii argachuu fi moodeloota tumsaa dandamannaa faayinaansii fi hawaasummaaf gargaaran irratti deeggarsa taasisuu.

### Ministeera Haqaatiif

• Sirna seeraa fi haqaa cimsuudhaan yakkamtoota itti gaafatamummaa jala galchuu fi namoota lubbuudhaan hafaniif gargaarsa dhaqqabamaa fi kabajaan guutame kennuu. Dhaqqabamummaa fi amantaa fooyyessuuf sochii haqaa hawaasa giddu galeessa godhateef deeggarsa taasisuu.

### Ministeera Fayyaaf

• Deeggarsa kunuunsa fayyaa fi hawaas-xiinsammuu, yuunitiiwwan fayyaa socho'aa, geejjibaa fooyya'aa, fi bu'uuraalee misoomaa qaama miidhamtummaa haammate babal'isuu.

### Qooda fudhattootaaf

• Yeroo deebiin balaa namoomaaf taasifamu hirmaannaa fi murtoo kennuu dubartootaa hiika qabu jajjabessuun dubartoonnii fi shamarran naannoo hubannoo hin arganne jiraataniif akka eegumsi taasifamu mirkaneessuu.

## Galata

Wixineen imaammataa kun kan barreeffame Aadde Maartiinaa Leechii (ActionAid UK), akkasumas galtee fi gulaallii Aadde Masarat Amsaaluu, Salaamaawwiit Aadinaw, Maqdalaawwiit Girmaa fi Obbo Nigus Simeenee (AA Ethiopia), Aadde Fiqirtee Zawuduu (Dhaabbata Gamtaa Dubartootaa fi Daa'immanii Itiyoophiyaa), Aadde Haaniyaa Mohaammad, Samihaar Mohaammad, Haaregwayin Asmaamaaw (Dhaabbata Gamtaa Misooma Dubartootaa Beezaa (BEZA) irraa) fi Aadde Raaheel Nigaatuu, Aayinaalem Geetaachoo, Fooziyaa Mohaammadii fi Aadde Iyyesrusaalem Daani'eel (Dhaabbata SGDA irraa) ti.

Qorannoon wixineen imaammataa kun irratti hundaa'e kan qopheeffame Dhaabbata Gamtaa Misooma Dubartootaa (BEZA), Save Generation Development Association (SGDA), UEWCA (Dhaabbata Gamtaa Dubartootaa fi Daa'immanii Itiyoophiyaa) akka ActionAid Ethiopia ta'uutti ture.

Taphattootni lootorii karaa toora Poostaa kanneen maallaqa qorannoo fi wixinee imaammataa kanaaf gumaachan haa galatooman.

Waa'ee qorannoo ykn jalqabbii kanaan walqabatee jiru caalaatti baruuf, Actionaid Ethiopia qunnamaa.

**Weebsaayitii:**
https://ethiopia.actionaid.org

**Il-meeyilii:**
comms.ethiopia@actionaid.org or
admin.ethiopia@actionaid.org

**Telefoona**
+251-932-025-053 and +251-932-024-633

**Tiwiitara/X:**
https://x.com/ActionaidE

**Liinkidiinii:**
https://www.linkedin.com/groups/13190960/

**Feesbuukii:**
https://www.facebook.com/actionaidethiopia

**Bakka itti argamaa:**
Kutaa bulchiinsaa Lammii Kuraa, Aanaa 13, Lakkoofsa Manaa 3044 (Dugda-duuba Mana Amantaa Kiristaanaa CMC St. Michael)
https://maps.app.goo.gl/uNJ5NLdSpWbcQ63R6

Lakkoofsa Saanduqa Poostaa:
1261, Addis Ababa, Ethiopia

Hoot-laayinii: 8193

### Madda

1 Namoota waliin qorannoon taasifame: Qorannoowwan raawwiitti jijjiiraman kanneen dubartoota dubartoota hirmaachisan keessatti (Feminist Participatory Action Research (FPAR)), sadarkaa kamitti iyyuu jecha miseensa qorannoo jedhu fayyadamna. Jechi kunis hirmaattonni qorannoo kanaa kamiyyuu barbaachisummaa wal qixa ta'e akka qabaatan agarsiisa. FPAR'n akka hirmaattotni xiinxalaa fi argannoowwan qorannoo kanaa irratti aangoo mirkaneessuu qabaataniif keessaa baafameera.

## ActionAid UK

33-39 Bowling
Green Lane
London EC1R 0BJ

www.actionaid.org.uk

@ActionAidUK
ActionAidUK
@ActionAidUK

ActionAid is a charitable company limited by guarantee and registered in England and Wales (Company number 01295174). England and Wales charity number 274467, Scottish charity number SC045476. Registered Office 33-39 Bowling Green Lane, London EC1R 0BJ.